Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Jalqabbii Gadda Namaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus;
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: M. Maillot; Tammy S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2020 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti
garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

WAAQAYYO WANTA HUNDUMAA NI UUME!
Waaqayyo yommuu nama jalqabaa Addaam uume sanatti, inni niitii isaa Hewaan wajjin iddoo qannoo Edan keessa ni jiraata
ture.

Isaan muudaa tokko malee
gammachuudhaan Waaqa-
yyoof ni abboomamuu,
akkasumas immioo hamma
guyyaa tokkotti inni
isaanii wajjin jiraachuu
isaatti ni
gammadu
ture ...

"Waaqayyo muka hundumaa irraa akka hin nyaanne isinitti himee turee?" jedhee bofni Hewaaniin ni gaafate. "Nuyi ija muka hundumaa nyaachuu ni dandeenya isa ...

tokkorraa
garuu nyaachuu
hin dandeenyu" jettee
debisteefi. "Isa sana ni nyaanna
yoo ta'e ykn ija sana yoo
xuqqne ni duuna"
"Hin duutan"
jedhee bofichi ...

gowwoom-
suudhaan
itti ni seeqe. "Isiin akkuma
Waaqayyoo ni taatu" Hewaan
ija mukichaa ni barbaadde.
Isheen boficha
dhageessee ija
sana ni nyaatte.

Wewaan erga abboomii
Waaqayyoo diigdeen
booda akka ija muhichaa
innis nyaatuuf
gara Addaam
ni deemte.

Addaam “Lakki! Ani abboommii Waaqayyoo hin diigu” jechuu qaba ture.

Addamiifi
Hewaan yeroo Cubbuu
hojjetanitti, lamaanuu qullaa
ta'uu isaanii ni beekan.

Baala
harbuu walitti
hodhanii marxoo isaa
hojjetatanii uffatanii mukkeetii
iddoo dhaabaa sana keessa jiran
keessa Waaqayyo jalaa ni dhokatan.

Galgala sana Waaqayyo gara iddoo qanoo sanaa ni dhufe. Wanta Addaam fi Hewaan godhaan ni beeke. Addaam Hewaan balleessituu akka taate itti ni sababeeffate.

Hewaan immoo bofichatti ni sababeeffatte. Waaqayyoos "Bofni abaarameera. Yommuu ciniinsuu hundaatti dubartuiin ni dhukubsatti" ni jedhe.

“Addaam, sababa ati cubbuu hojjetteef, laftii qoraattii fi baalaan waraantee siif biqilchuudhaan abaarameera. Atis dhamaatee dafqitee buddeena ni nyaatta” jedhe.

Waaqayyo Addaamii
fi Hewaan iddoo
qannoo isa
dinqii sana
keessaa
ni baase.

Sababa cubbuu hojjetaniif Waaqayyo jiraataarraa gargar ni ba'an!


Waaqayyo isaan alatti isaan ittisuuf billaa akka ibiddaa boba'u isa gara hundumaatti nanaanna'u ni dhaabe.

Waaqayyo Addaamiifi Hewaaniif gogaa irraa uffata ni hojjeteef. Waaqayyo gogaawwan sana eessaa fidee?

Yeroo isaatti, maatiin tokko Addaamiif Hewaaniif dhalate. Ilmi isaanii inni jalqa-baa Qaayin, isa qottuu ture. Mucaan isaanii inni lammaffaa Abeel, isa tiksituu hoolaa ture.

Guyyaa tokko Qaayen wanta qoterraa Waaqayyoof hamma ta'e ni fida. Abeelis hoolota isaa keessaa isa baay'ee gaarii ta'e Waaqayyoof kennaa ni dhih-eesse. Waaqayyo kennaa Abeelitti ni gammade.

Waaqayyo kennaa Qaayinitti hin gammanne ture. Qaayin garmalee ni aare.

Waaqayyo garuu, “Wanta sirrii ta’e ni raaw’atta yoo ta’e, fudhatama hin argattuu?” jedheen.

Aariin Qaayin irraa hin galle ture. Yeroo isaa eeggatee lafa loon itti tiksanitti Abeel irratti miidhaa gessisee-isa ni ajjeese.

Waaqayyo Qaayinitti ni dubbate. "Obboleessi kee eessa jira?" "Anoo hin beeku," jedhee Qaayin ni sobe. "Obboleessa koo natu eegaa?"

Waaqayyo Qaayin nama jooraa, nama lafa dhaqu hin qabne, nama qotuu hin dandeenye akka ta'uuf dandeetti lafa ittiin qotu isa dhabsiisee isa ni adabe.

Qaayin iddoo Waaqayyo jiruu ni ba'e. inni intala Addaamii fi Hewaan ni fuudhe. Isaan maatii ni godhatan.

Yerosuma, ilmaan ilmaanitiifi ilmaan ilmaan ilmaanii (akaakileewwan) Qaayin magaalaa inni keessa jiru

sana ni guutan.

Kun osoo kanaan jiruu,
maatiin Addaamiifi Hewaan
saffisaan ni guddate.

Baroota sanatti, namoonni barab kana caalaa bara dheeraa ni jiraatu ture.

Yemmuu mucaan ishee Sheet dhalatu Hewaan "Waaqayyo kan Abeel bakka naaf bu'u Sheet naaf ni kenne" jette.

Sheet nama Waaqayyoo yoo ta'u ijoollee danuu godhatee waggoota 912 ni jiraate.

Jechoota birootiin akkuma
dhalootni tokko dhaloota isa
darbeetti aanee deemaa
tureen namoonni
jall'oota
ta'a
inumaa
adeeman.

Dhumarratti, Waaqayyo dhala namaa barbadeessuuf ni murteesse. Akkasumas bineensota hundumaafi allaattiwwan hundumaa
barbadeessuuf ni murteesse.


Waaqayyo nama uumuu isaatti ni gadde. Garuu namni tokko Waaqayyoon ni gammaachiise ...


Namni kun Nooh ture. Qacceen Sheet nama balleessaa hin qabne nama eebbifamaa ture. Inni akka Waaqayyo fedhutti ni jiraate.

Inni dabalataanis ijoollee
isaa sadan Waaqayyoof
abboomamaniif isaan
ni barsiise.

Yeroo kana Waaqayyo
karaa adda ta'e tokkoon
Noohitti dhimma
ba'uu ni
barbaade!

Jalqabbii Gadda Namaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera uumamaa 3-6

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante,
Waaqayyoon akkas jedhiin:
Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya koottii koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16